

BARRUU FILMII

Filmiin Maali?

- ✓ *Filmiin seenaa gara garaa kan nama dhunfaas ta'e kan hawaasa tokko sur-sagalettin qindefamee qopha'udha.*
- ✓ *Filmiin idda'ama suraa socho'aatti, innis sakandi tokko kessatti surawan 24 kan ofkessa qabatu dha.*
- ✓ *Filmiin yeroo baayee maaleen seenaa itti dabarsan kessaa kan bu'ura godhatu gochota irratii.*
- ✓ *Filmii irratti wanti dhagahamuu ykn saagaleen osoo hin taane wanta mil'u ykn mul'atu irratti hunda'uun hojatama*
- ✓ *Filmiin tokko qopha'ee ummata bira gahuuf sadarkalee gudgudoo sadii kessadarbu qaba, isaanis:-*

pre-Production/

sadarkaan kun script/barruu filmiif ta'u qophessun jalqaaba barreesaan filmii/screen writer/ immoo dursee seenaa filmiif ta'u qopheesa, seenaan filmii kan yeeroo guutuu/full time baayini isaa waraqaa 4 ykn 5 gahuu qaba itti ansuun bifa assosamaattin gochawan mul'aatan tartiba qabsisuun mil'uudhaan qophesaa innis treatment/sort of novella jedhamuun bekama bayini waraqaa isaas 35 hanga 40 fudhachuu danda'a erga mil'udhaan qoqodee haala assosamaan barrefame sana gara gochaatti ykn wanta mulatutti jijjiruun barruu filmi qophesaa. Baruu filmii yeeroo guutuu tokko bayini waraqaa isaa 120 ta'a erga barruun filmii qopha'ee booda barruu sana qophessaan/dareektari fudhaate gulaaluun bakkaween warabbif ta'an niqophessa , barru warrabii/shooting script ni qophessa, altaatota filmii waliin mari'achuun wantoota barbachisa ta'an akka qopha'an ni tasisaa,taatoota walin shakalii ni tasisaa

production

sadarkaa kana keessatti wanti rawatamuu inni guddaan hooji waraabitti, innis tatoota kaamera dura ka'uun seenaa barru filmii irratti barra'ee sana kan waraabu ta'u

Post-production

Sadarkaa kana kessaatti imoo gochooni rawattaman kan akka guulalii/editing(sur sagaleen warabamee tartiba qabsisuun ergaa seena sana karaa ifa ta'een ibsuuf itti fayadamnu) , tamsaasa/distribution(erga gulaalin isaa xumuramee booda gabaadhaaf dhiyesuu) fi kkfi dha

AKEEKA BARRU FILMII/PLANNING OF SCREEN PLAY

Fiilmiin yeroo baay'ee kan bu'urefamuu iddoowwan adda addaa haala wal duraa duuba isaani eegataniin kan dhiyaatudha. Kunis kan ta'ee filmiin dubbii/haasa'a irra osoo hin ta'iin gochoochota mul'atan irraatti waan hundaa'uufi.

Barreeffamni fiilmiif dursa kan barreessinu seenaa (story) isaa yoo ta'uu fiilmiin nutti barreessuuf barbanee filmii yeroo guutuu (kan daqiqaa 120 ykn sa'atti 2:00) kan fudhatuu yoo ta'ee seenaan nutti baresinu waraqaa shani(5) ol ta'uu qaba. Seena isaa irrattis iddoowan barbachisaa ta'eefi gochoota barbachisaa ta'an sana ibsuun dirqama ta'a. Seena dursa barresine sana sirritti deddebinee xinxaluu fi dubisuun akkasumas dedebinee barresuus qabna. Erga kana goone wanta barbanuu haala barbaanuun erga techifnee booda seenaa barresinee sana gara mul'attatti jijjiruun haala asosamaattin barresina.

Seenaa baresina erga gara tritmantitti(haala assosamatiin kan ta'uu barefama fimiif gara mul'atti kan jijiramee) erga geddaree booda, akkuma seenaa sana irra dedebin dubisnee barresina isa kanaas sirritti xinxala. Tritmantiin filmii tokko hanga waraqaa 35 fixuu danda'a erga kana gonee tritmantii isa xumuraa barresina booda gara barrefama fiilmiichaatti deemuu ni dandenyaa.

Barrefamnii(script) kanas yeroo sadiif yoo irraa dedebine dubisnee debisne barresine yeroo sadaffaa irratti barefama dogogora hin qabnee, kan waltawaa ta'ee, kan sadarkaa isaa egatee barresuu dandenyaa.

Karaa biraattiin immoo iddoowan barrefama filmii Kenya kessa jiran haala fakkidhaan waraqaa tokko irratiin kasuun senaa kenyaa sana sirritti ilaaluun wanta hir'attee fi iddo tokko gara iddoo biraatti yeroo ademnuu yoo addan cittinsii jirattee sirritti mul'achuu waan danda'uuf haala kanaan fayadamuunis nii danda'ama jechuudha.

Itti dabaluunis barrefama kamifuu qo'annoo fi qoranoo gahaafi waltawaa ta'ee haala yeroo haala jiruufi jirenyaa, siyaasa, dinagdee biyya kenyaa irratti gochuun bay'ee barbachisaadha. Kunis namoota bekumsa qaban jarsoolii, hadhoolii, hayyuu, dubisuun barrefama gaarii ta'eefi kan fudhatama qabu barresuuf fayidaa fi shoora olanaa qaba.

HAALA TESSUMA BARREEFAMA FILMII

Haalii tessuma barreefama filmii of danda'e qaba.innis akka armaan gadiitti laaluuf yaala

- *Waraqaa isa jalqabaa irratti mataduree filmii kenyaa, maqaa kenyaa isarraa gad bunee guddu isaati dhuma irratti immoo tessoo kenyaa kan akka imeelaa, lakk. Bilbilaa baresina.*
- *Waraqaa lamaaffaa irratti immoo hima filmii Kenya sana nuuf ibsuu danda'uu ykn sarara tokkon kan dhumuu danda'u hima gabaaba tokko barresina*
- *Waraqaa isa saddaffaa irratti maqaa guutuu qodatoota, umrii, akkasumas wallittii dhufenyaa isaanii barresina*
- *Waraqaa afraffaa irratti senaa filmichaa gababsinee baressina(synosis).*

HUB. *Akka barbachisumaa isaanitti GALATA, YAADANOO, KENAA barrefama filmii kessati galchuu ni dandenyaa dhuma irratti immo waraqaa adii tokko galchuun fimiicha barresina.*

MIL'UU TOKKO

FADE IN

KEESSA : GANAMA: MANA OBBO LAMAA

Mana obbo lamma kessa haati manaa isaani ho'era. Ijolee laman isaanis walumaan jiru dhira tokko fi dubara tokko qabu. Mana kana keessa gamachuuttu mul'ata

LAMAA

Caliisaa mee al tokko nan dhagefadha.

LEENSEE

/AARIIDHAAN/

Ijollee adabatani ta'aa malee

FADE OUT

MIL'UU

Mil'uu jechuun gochoota fi meshaalee bakka tokkotti jiran yookin dalagaman filmi Kenya kessa mul'atan kan of kessatti hamattedha. Kana kessas jargocha, dubbiwaan, mira, akkasumas seenaa isaa fulduraa dubaan kan hamattu dha. Innis yeroo barrefamuu giddu waraqaa kenya irratti baresina. Kan barresinuus qubee gugudadhaan barrefama.

Mil'uu tokko kessatti yaadonnii lama fi isaa ol ta'an ka'u ni danda'uu. Isaan kunis haala qodataan tokko gara Mil'uu sana yoo dhufee wanta hasa'ama jiru sana ykn yaada dura jiru gedaruu danda'a. kanaf hanga bakki fi yeroon jijjiramutti Mil'uu sun akkuma jirutti ta'uudhaan wantota dalagaman sana haala seenaa kenya nuuf dabarsan gonee baressina. Yoo jijiraan iddoo fi yeroo yoo jiratee Mil'uu ni gedarama.

IBSA SEENSAA

Gara seenaa Mil'uu keessa jiruu osoo hin seeniin dura haali gara bufataa itti senuu bufataa itti aanee baressu qabna isannis kan barefaman qubee gugudoo ta'uun qarqara harka bitaatti barrefamu. Agarsiistuun haala seensa kan jedhaman immo

- **FADE IN**

Yeroo ba'ee hoojii irra ni oola. Innis haala seensa dhabataa kan ta'e dha. Kan fayyadamnu yoo Mil'uu kenya gurracha irra gara adittii yoo ifaa dhufedha.

- **DISSOLVE TO**

Kuni haala seensa kan biraa yoo ta'uu kan itti fayadamnuus Mil'uu kessaa yoo abjuu, yaadanoo, agarsisuuf yoo barbannee itti fayadamna

IBSA YOOMESSA /SCENE HEADING/

Ibsa yomessa kan jedhaman barrefama filmi tokko kessatti wantoota wa'ee yomeessa mil'u sana ibsaan of kessatti qabata. Isaanis ibsa iddoo, ibsa yeroo, ibsa tessuma kaameraa of keessati hammata. Ibsooni kuniin immoo qoduttin gargar bahaanii barrefamuu

- **IBSA TESSUMA KAMERA**


*Ibsii tessuma kameraa jedhamuun kan beekaman gaheen isaanii gochii raawatamaa jiru mana kessa moo manaan ala kan jedhuu ittin dabarsuuf itti gargaaramnaa. kana malees gaaffii kameeran keenya eessa taa'ee mil'uu sana waraaba jeedhuf deebi keena. Kan barresinuus qubee gurgudaadhaan **"KEESSA/INT. yookin AALA/EXT."** jechuun katabna.*

- **IBSA YEROO**

Ibsa yeroo kan jennuu immoo ibsa tessuma kameraatti anee barafama. Kunis kan gargaruu gochoonni mil'uun keenya keesatti yoom akka raawatama jiran ibsuuf fayada. Kan barrefamuu qubee gurguddadhaan ta'ee "ganama, galgala, sa'aa booda" jenne ibsuu ni dandenyaa.

- **IBSA IDDOO**

ibsa iddoo yeroo jeennu immoo ibsa yerootti itti aanee kan barreefamu yoo ta'u mil'uun kenya iddoo inni itti rawatamaa jiruu ibsuuf fayyada. Kan barrefamus qubee gurgudoodhan ta'ee "mana obbo lammaa, hootela" jechuun akka itti fayadama bufata keessatin murta'ee barefama.



IBSA MIL'UU/DISCRPTION

Ibsa mil'uu kan jedhamu goochota filmnii/mil'uu Keenya keessatti rawataaman wal duraa dubaan kan ittin ibsinudha. Innis kan barefamuu gara kessa senee bareesina

WALIIN DUBBII/DIALOGUE

Wallin dubbiin kan barrefamuu gidduu waraqaaratti yeroo ta'uu maqaa qodatoota jalatti bareefama.

• IBROOTA WALIIN DUBBII

Ibsoota dubbi kan jedhaaman dubbiwaan qoodatotni dubbattan sana haala itti dubbattan sanaafi essa ta'ani akka dubatan yookiin immo kameraa kessa ni dhagahamaa moo hin dhagahamuu kan jedhuu ibsuufa fayyadani dha. Isaanis qubee guddaafi gabajedhaan barrefamu.

• Voice over (V.O)

V.O kan fayyaduu dubbiwaan qoodataan yaadaan itti dhufaan ta'uu isaani agarsisuuf, xalayaa yoo qoodataan dubbisuu, akkasumas dubbi qoodataan ofii isaatif hasawuu kan qoodataan biraa dhagahuu kan hin dandenyee ta'uu isaa ibsuuf itti fayadamna. Kan barrefamuus maqaa qodataa waliin ta'a. Fkn.

• Off Screen (O.S)

O.S kan fayyaduu qoodataan dubatuu sun ija kameera kessa yeroo hin jirane qofa. Fakenyaaf qoodataan tokko mana kessa ta'ee osoo mul'ataa jiruu namni biraa sagaleen isaa qofa yoo dhagahamuu ta'ee maqaa nama sagalee sana dhagesise bira mallato kana galchina. barresittoni tokko tokko immoo/bakka O.S itti O.C/off camera/ fayyadamuun bareessun ni fayadamuu.

• MOS

'MOS' kan fayadamnu mil'uu tokko kessatti namonii yeroo has'aan yoo mul'atan garuu wanti isaan has'aan/wallin dubbin isaan kan hin dhagahamnee yoo ta'eedha. Kan barrefamuus ibsoota mil'uu/description/ kessaatti qubee gudaadhani.

IBROOTA GOOCHA/actor direction/

Ibsoota goochaa kan jedhaman mira taatoo tokko ykn goocha taatoo tokkoo haala gababaa ta'een kan ibsaman of kessatti kan qabatee yoo ta'uu ibsoota goochaa qofa osoo hin ta'iin kallattii taatoon tokko hoji isaa itti dalaguus ittin ibsuun ni danda'ama. Kan barrefamus maqaa qoodataa itti anee barefama,

MIL'UU TOKKO

FADE IN

KEESSA : GANAMA: MANA OBBO LAMAA

Mana obbo lamma kessa haati manaa isaani ho'era. Ijolee isaanis walumaan jiru dhira tokko fi dubara tokko qabu. Mana kana keessa gamachuuttu mul'ata, obboo lammaa fi addee caaltuun MOS'n haasa'a isaani itti fufu.

IBSA MIL'UU/DISCRPTION

LAMAA (O.S)

Caliisaa mee al tokko nan dhagefadha.

CAALTUU

/AARIIDHAAN/



IBSOOTA GOOCHA

Ijolle! maaloo calisaa



IBSA CESISAA




DESSOLVE TO

Mana cissichaa kessa caaltuun teesse xalayaa harka ishee irra qabatee bantee dubisuu egaltii.

CAALTUU(V.O)

Jalatamtuu hiriya koo caltuu anii.....

IBSA CESISAA



DESSOLVE TO OUT

➤ **IBSOOTA CEESISAA**

Ibsoota ceesiisaa kan jennuun Mil'uu jirru kessaa gara mul'ata biraatti galuudhaaf kan fayadaniidha. Isaan kuniis yeroo ceenuu fi wanta galee kessaa bahuuf gargaranidha. Karaa biraattin Qodataan tokko gara abjuutti ykn yaadannoo kessa galee sana agarsiisuuf barrefama kenyaa kessa itti fayadamna, kan bareefamanis karaa harka mirgatiini.

• **DISSOLVE TO**

Barrefama kenyaa kessa yeroo gara abjuu yookin yadanoo qodataa kenyaa galchinu itti fayadamna.

- *DISSOLVE TO OUT*

Yeroo qodataa kenya yaadoo ykn abjuu galchine kessaa basuuf itti fayadamna.

- *MONTAGE*

Kana jechuun immo yeroo goochoni yookin mul'atnii bakka adda addaatti rawataman sasabuun yeroo tokkoti mul'isuuf itti fayadamna.

- *INTER CUT*

Jecha kana barrefama Kenya kessa kan itti fayadamnuu gochoota ykn mul'ata gara garaa lamma bakka tokko mul'isuuf yoo barbannee itti fayadamna. Fakkenyaaf yeroo bilbila qodatootni lama hassa'aan mul'isuuf itti fayadamna.

- *JUMP CUT*

Jecha kan itti fayadamuu mul'ata yookin bufatawaan seenaa adda aaddaa qaban gababsuun dadafnee yoo agarsisuu barbannee itti fayadamna.

- *CROSS CUT*

Jecha kana immo kan itti fayadamnuu mul'ata tokko keessa tanee seenaa jalqabne sana osoo hin xumuriin gara mul'ata biraatti senuuf itti fayadamna.

- *FADE TO*

Gochata wallitti aananii dhufaan kan itti fuufinsa qaban mul'ata tokko kessatti ittin garsisuuf fayada.

➤ ***IBSOOTA XUMURAA***

Ibsoota xumuraa kan jennuu mil'uu(scene) keenyaa xumuramuu isaa ibsuuf kan fayadani dha. Isaanis kan barrefaman qubee gugudaan karaa qarqara waraqaa harka mirgaattin ta'a.

- *CUT TO*

Yeroo mallattoo kana fayadamnuu battalaumatti wantii mul'ataa jiruu sun gurracha ta'uun akka darbuu yoo barbadamee qofa itti fayadamna. Kunis wantoota sodachisaa ta'an mul'isuufis ni gargara. Fkn.

Baqalaa irratti dhukasni itti dhukasama

CUT TO

- **TIME CUT**

jechaa kana kan itti fayadamnuu immo demsaa yeroo mul'isuuf yoo barbaaneedha. Fkn.

Barsisaan gara kutaa yeroo seenuu ni mul'ata.

TIME CUT

Barsisaan dastaraa isaa urgufaa kutaadha yeroo bahuu ni mul'ata

- **FADE OUT**

Jecha kana kan fayyadamnu yoo mil'uu yookin mul'atni sun yoo xumuramee qofa itti fayadamna.

HUB. caaculeen armaan olii caqasamaan kun teknikoota biyya alaa irra waan dhufaniif afaan ingilifattin barrefamuu.

CAASAA BARRUU FILMII

Caasaa filmii kan waltawaa ta'ee kan barresitoonni fi hayyoonni filmii kan irratti waligalan caasaa abbaa raawwi sadii/3 act structure/ kan jedhamu yoo ta'u innis filmi yeroo guutuu/120m/ kan dheeratu dha.

